IslamHouse.com
مركز أصول
Osoul Center
www.osoulcenter.com
Rabwah

الأصول الثلاثة وأدلتها
وشروط الصلاة

# HUNDEELEE SADANIIFI RAGAA ISII

**Osoul Center**

Hiikaa
**Gaalii Abbaaboor**

Gulaala
**Shekh Jamaal Shekh Muhammad**

Oromo
Oromoo
أورومو

# الأصول الثلاثة وأدلتها

مركز أصول
ترجمة
الداعية غالي أبابور
مراجعة
الداعية جمال محمد أحمد

OROMO

OROMOO
أورومو

ح جمعية الدعوة والإرشاد وتوعية الجاليات بالربوة، ١٤٤٢هـ

فهرسة مكتبة الملك فهد الوطنية أثناء النشر

مركز أصول

الأصول الثلاثة وأدلتها – اللغة الأورومية. / مركز أصول.- الرياض، ١٤٤٢هـ

٦٤ ص، ١٢ سم x ١٦,٥ سم

ردمك : ٩٧٨-٦٠٣-٨٣٢٣-١٧-٥

١- العقيدة الإسلامية ٢- التوحيد أ. العنوان

ديوي ٢٤٠ ١٤٤٢/٢٥٢٢

رقم الايداع: ١٤٤٢/٢٥٢٢

ردمك : ٩٧٨-٦٠٣-٨٣٢٣-١٧-٥

This book is the property of the Osoul Center. Permission is granted for it to be stored, transmitted, and published in any print, electronic, or other format - as long as the Osoul Center is clearly mentioned on all editions, no changes are made without the express permission of the Osoul Center, and a high level of quality is maintained.

+966 11 445 4900

+966 11 497 0126

P.O.BOX 29465 Riyadh 11457

osoul@rabwah.sa

www.osoulcenter.com




Bismillaahi Rrahmaani Rrahiim



# Kitaabni hundeelee sadeen

jedhamu kuni irra filatamaa kitaabban waayee barnoota towhiidaa keessatti qopheeffame keessa isa tokko. Abbaan isa qopheesses sheeka islaamaa Muhammad abdulwahaab Rabbi irraa haajaalatu. ustaaz gaalii abbaa boor afaan keenya afaan oromootti hiiktee akka ummanni keenya waayee barnoota dubartootaa murteessituu tana afaan isaatiin dubbisee hubatu goote. Rabbiin kan kqopheesseefii kan hikes isaan lameenu irraa haajaalatu, jannataanis galata haa galchuuf. Nutis gulaallee maxxansaafii karaa interneetiinis raabsinee akka ummata keenya bira gayu goone. Rabbiin nurraa haaqeebalu. Dhumarratti ummata keenyaa hundaan keessaattu dargaggootaafii barattootaan kitaaba kana akka dubbistanii irraa barattan isinii dhaamsa dabarsina. Jaarraan jirru jaarraa beekkomsaa, saayinsiifii teeknoloojii

waan taheef barnoota islaamaarratti akka jjajjabaattan isiniin jennaa. Barnootaafii ogummaa qabdaniinis diin keessan akka tajaajiltan isin yaadachiisna.

Shekh Jamaal shekh Muhammad
shekh Ahmad
shekhjamal@yahoo.com
Abu Saalih Almuhajiri
00966505697461
KSA Riyaadh

# Maqaa Rabbii Akkaan Mararfataa Akkaan Rahmata Godhaa Ta'eetiin

Beeki, Rabbiin si haa mararfatuu, dubbiin ibsa afur barachuun dirqama nurratti ta'a.

Tokkoffaan barumsa: innis Rabbiin baruu, Nabiyyii Isaa baruufi amantii Islaamaa ragaadhaan baruudha.

Lammaffaan ittiin hojjachuudha.

Sadaffaan gara isaatti waamuudha.

Afraffaan immoo rakkoo isa keessatti nama qunnamu irratti obsuudha.

Ragaan kana hundaatuu jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿وَٱلۡعَصۡرِ ١ إِنَّ ٱلۡإِنسَٰنَ لَفِي خُسۡرٍ ٢ إِلَّا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ وَتَوَاصَوۡاْ بِٱلۡحَقِّ وَتَوَاصَوۡاْ بِٱلصَّبۡرِ﴾ [العصر: ١-٣]

***"Maqaa Rabbii akkaan mararfataa akkaan rahmata godhaa ta'eetiin. Yeroonin kakadha. Dhugumatti, ilmi namaa hoongoo keessa jira. Isaannan amanan; gaggaarii dalagan; haqa walii dhaamaniifi obsa walii dhaaman malee (warri hafan hoongoo guddaa keessa jiru)."*** [Al-Asr:1-3]

Imaamu-Shaafi'iin, Rabbiin isa haa mararfatuu, ni jedhe: "odoo Rabbiin suurattii kana malee ragaa biraa uumama isaatiif buusuu baateeyyuu isaaniif ni geessi ture."

Bukhaariin, Rabbiin isa haa mararfatuu, ni jedhe: "boqonnaan kun barumsi dubbachuufi hojjachuu akka dursu dubbata; ragaan immoo jecha Rabbiiti:

﴿ فَٱعۡلَمۡ أَنَّهُۥ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا ٱللَّهُ وَٱسۡتَغۡفِرۡ لِذَنۢبِكَ ﴾ [محمد:١٩]

***'dhugumatti akka Rabbiin malee dhugaan gabbaramaan hin jirre bari; dilii keetiifis araarama barbaadi.'***

Dubbiifi hojiidhaan dura beekumsaan jalqabe."

Beeki, Rabbiin si haa mararfatuu, Muslima dhiiraafi Muslima dubartii cufa irratti ibsa sadan kana barachuuniifi ittiin hojjachuun dirqama ta'a.

Tokkoffaan: Rabbiin nu uumee nu nyaachise; duwwaas akka kanaan nu hin dhiifne. Hinumaa ergamaa nutti erge. Namni isaan bule jannata seena; namni isa faallesse immoo ibidda seena. Ragaan isaas jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿إِنَّآ أَرۡسَلۡنَآ إِلَيۡكُمۡ رَسُولٗا شَٰهِدًا عَلَيۡكُمۡ كَمَآ أَرۡسَلۡنَآ إِلَىٰ فِرۡعَوۡنَ رَسُولٗا ١٥ فَعَصَىٰ فِرۡعَوۡنُ ٱلرَّسُولَ فَأَخَذۡنَٰهُ أَخۡذٗا وَبِيلٗا﴾ [المزمل: ١٥-١٦]

***"Nuti akkuma gara Fir'awn Ergamaa erginee turre gara keessanittis Ergamaa ragaa isin irratti ba'u erginee jirra. Fir'awnis Ergamicha faallessee, qabaa cimaa isa qabne."*** [Almuzzammil: 15]

**Lammaffaan:** Rabbiin ibaadaa isaa keessatti wanti tokkollee isatti qindeeffamuu hin jaalatu; maleykaa gara isaatti dhiheenya qabus ta'ee nabiyyiin ergamaanis isatti qindeeffamuu hin jaalatu. Ragaan isaa jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿وَأَنَّ ٱلْمَسَٰجِدَ لِلَّهِ فَلَا تَدْعُواْ مَعَ ٱللَّهِ أَحَدًا﴾ [الجن: ١٨]

***"Masjiidonni kan Rabbiiti. Rabbii wajjiin homaa hin waammatinaa (gabbarinaa)."*** [Aljinni: 18]

**Sadaffaan:** namni Ergamichaan bulee Rabbiin tokkoomse nama Rabbiifi Ergamaa isaa morme, odoma fira dhihoo ta'eeyyuu, jaalallee iccitii godhachuun isaaf hin eeyyamamu. Ragaan kanaas jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿لَّا تَجِدُ قَوْمًا يُؤْمِنُونَ بِٱللَّهِ وَٱلْيَوْمِ ٱلْآخِرِ يُوَآدُّونَ مَنْ حَآدَّ ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥ وَلَوْ كَانُوٓاْ ءَابَآءَهُمْ أَوْ أَبْنَآءَهُمْ أَوْ إِخْوَٰنَهُمْ أَوْ عَشِيرَتَهُمْۚ أُوْلَٰٓئِكَ كَتَبَ فِى قُلُوبِهِمُ ٱلْإِيمَٰنَ وَأَيَّدَهُم بِرُوحٍ مِّنْهُۖ وَيُدْخِلُهُمْ جَنَّٰتٍ تَجْرِى مِن تَحْتِهَا ٱلْأَنْهَٰرُ خَٰلِدِينَ فِيهَاۚ رَضِىَ ٱللَّهُ عَنْهُمْ وَرَضُواْ عَنْهُۚ أُوْلَٰٓئِكَ حِزْبُ ٱللَّهِۚ أَلَآ إِنَّ حِزْبَ ٱللَّهِ هُمُ ٱلْمُفْلِحُونَ﴾ [المجادلة: ٢٢]

***"Ummata Rabbiifi Guyyaa Aakhiraatti amananu, namoota Rabbiifi ergamaa Isaa morman odoma abbootii isaanii, yookiin ilmaan isaanii, yookiin obboleeyyan isaanii, yookiin firoota isaanii ta'anillee, kan (iccitiin isaan) jaallatanu hin argitu. Isaan sun (Rabbiin) onnee isaanii keessatti iimaana barreessee jira; tumsa Isa irraa ta'eenis***

***isaan jabeesseera. Jannatoota laggeen isii jala yaa'anis achi keessaatti hafoo haala ta'aniin isaan seensisa. Rabbiin isaan irraa jaallateera; Isaanis Isa irraa jaalataniiru. Isaan garee Rabbiiti. Dhagayaa! Dhugumatti, gareen Rabbii isaantu milkaa'oodha."*** [Almujaadalaa:22]

Beeki, Rabbiin gara isaaf ajajamuutti si haa qajeelchuu, daandiin sirriin karaan Ibraahiim Rabbii tokkichaaf amantii qulqulleessitee isa gabbaruudha. Kanumatti Rabbiin cufa namaa ajaje; isheedhaaf jechas isaan uume. Rabbiin ni jedhe:

﴿وَمَا خَلَقْتُ ٱلْجِنَّ وَٱلْإِنسَ إِلَّا لِيَعْبُدُونِ﴾ [الذاريات: ٥٦]

***"Jinniifi ilma namaa akka Ana gabbaraniif malee hin uumne."*** [Azzaariyaat:56]

Hiikti jecha Ana gabbaraniif jedhuu ana haa tokkoomsaniif jechuudha. Irra guddaan wanti Rabbiin itti ajajee Tawhiida; innis ibaadaadhaan[1] Rabbiin tokko taasisuudha. Irra guddaan waan Rabbiin irraa dhorgee immoo shirkiidha; innis waan biraa isaa wajjin gabbaruudha. Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

---

1 Tawhiidni ibaadhaan Rabbiin tokko taasisuu yookiin kophaa baasuu qofa irratti hin gabaabbatu. Waan ittiin Rabbiin kophaa ta'u cufaan isa tokkoomsuu hundaayuu of keessatti qabata. Gocha inni kophaa isaa raawwate keessattis isa tokkichoomsuun dirqama; akkasumas maqoolee fi sifata isaa keessatti isa tokkoomsuun tawhiida jala seena.

﴿وَٱعۡبُدُواْ ٱللَّهَ وَلَا تُشۡرِكُواْ بِهِۦ شَيۡـٔٗا﴾ [النساء: ٣٥]

***"Rabbiin qofa gabbaraa; isatti homaa hin qindeessinaa."***

[Annisaa'i: 35]

Yeroo "bu'uurri (usuulli) sadan ishee baruun nama irratti dirqama ta'u maali?" Siin jedhame "garbichi Rabbii isaa beekuu, amantii isaa beekuufi Nabiyyii isaa Muhammadiin (saw) beekuudha" jedhii deebisi.



# Bu’uura tokkoffaa: gabrichi Gooftaa isaa beekuu

Yeroo “Gooftaan kee eenyu?” siin jedhame, jedhi: “Gooftaan kiyya Rabbii Isa tola isaatiin na guddise; aalama hunayyuu kan guddiseedha. Isa malee gabbaramaa tokkollee hin qabu. Ragaan jecha Rabbii ol ta’eeti:

﴿ٱلْحَمْدُ لِلَّهِ رَبِّ ٱلْعَٰلَمِينَ﴾ [الفاتحة: ٢]

***“Faaruun hundi kan Rabbii gooftaa aalamaati.”***
[Alfaatihaa:2]

Wanti Rabbiin malee jiru hundinuu aalama keessatti ramadama. Anis aalama sana keessaa tokko” jedhiin.

Yeroo “maaliin gooftaa kee barte” siin jedhame, jedhi: “mallattoolee isaatiin, uumama isaatiin. Halkan, guyyaan, biiftuufi jiini mallattoolee isaa irraayi. Samiin torban, dachiin torbaniifi wanti isaan keessa jiruufi gidduu isaanii jiru uumama Rabbii irraayi.” Ragaan jecha Rabbii ol ta’eeti:

﴿وَمِنْ ءَايَٰتِهِ ٱلَّيْلُ وَٱلنَّهَارُ وَٱلشَّمْسُ وَٱلْقَمَرُ ۚ لَا تَسْجُدُوا۟ لِلشَّمْسِ وَلَا لِلْقَمَرِ وَٱسْجُدُوا۟ لِلَّهِ ٱلَّذِى خَلَقَهُنَّ إِن كُنتُمْ إِيَّاهُ تَعْبُدُونَ﴾ [فصلت: ٣٧]

***"Halkan, Guyyaan, Aduufi baatiinis mallattoolee Isaati. Aduufis ta'ee baatiif hin sagadinaa; yoo kan (dhugaan) Isa gabbartan taatan Rabbii isaan uume qofaaf sagadaa."***

Ammas Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿إِنَّ رَبَّكُمُ ٱللَّهُ ٱلَّذِى خَلَقَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضَ فِى سِتَّةِ أَيَّامٍ ثُمَّ ٱسْتَوَىٰ عَلَى ٱلْعَرْشِ يُغْشِى ٱلَّيْلَ ٱلنَّهَارَ يَطْلُبُهُۥ حَثِيثًا وَٱلشَّمْسَ وَٱلْقَمَرَ وَٱلنُّجُومَ مُسَخَّرَٰتٍۭ بِأَمْرِهِۦٓ ۗ أَلَا لَهُ ٱلْخَلْقُ وَٱلْأَمْرُ ۗ تَبَارَكَ ٱللَّهُ رَبُّ ٱلْعَٰلَمِينَ﴾ [الأعراف: ٥٤]

***"Dhugumatti, Gooftaan keessan Rabbii Isa samiifi dachii guyyoota jaha keessatti uumee ergasii Arshii irratti (ol ta'iinsa isaaf malu) ol ta'ee dha. Haala ariitiidhaan isa barbaada ta'een halkaniin guyyaa haguuga. Aduu, ji'aafi urjiiwwanis kan ajaja Isaatiin laaffifaman ta'anii (isaan uume). Dhagayaa! Uumuuniifi ajajnis kan Isaati. Rabbiin Gooftaa aalamaa ta'e toltuun isaa baay'ate."*** [Al-A'araaf: 54]

Rabbiin isa qofatu gabbaramaadha. Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ ٱعْبُدُوا۟ رَبَّكُمُ ٱلَّذِى خَلَقَكُمْ وَٱلَّذِينَ مِن قَبْلِكُمْ لَعَلَّكُمْ تَتَّقُونَ ﴿٢١﴾ ٱلَّذِى جَعَلَ لَكُمُ ٱلْأَرْضَ فِرَٰشًا وَٱلسَّمَآءَ بِنَآءً وَأَنزَلَ مِنَ ٱلسَّمَآءِ مَآءً فَأَخْرَجَ بِهِۦ مِنَ ٱلثَّمَرَٰتِ رِزْقًا لَّكُمْ ۖ فَلَا تَجْعَلُوا۟ لِلَّهِ أَندَادًا وَأَنتُمْ تَعْلَمُونَ﴾ [البقرة: ٢١-٢٢]

***"Yaa namootaa! akka Rabbiin sodaattaniif jecha gooftaa keessan isa isiniifi warra isiniin duraa uume qofa gabbaraa! (Rabbiin) Isa dachii afaa, samii immoo ijaarsa (gubbaa)***

***isiniif taasisee, kan samii irraa bishaan buusee ergasii isaan fuduraa irraa soorata isiniif baaseedha. Kanaafuu odoo (kan gabbaramuu malu Rabbiin qofa akka ta'e) beektanuu Rabbiif shariikota hin godhinaa."*** [Albaqaraa:21-22]

Ibnu Khasiir ni jedhe: "inni wantoota kana uume isatu gabbaramuu haqa godhata."

Gosoowwan ibaadaa kan Rabbiin itti ajaje kan akka Islaamaa, Iimaanaafi Ihsaanaati. Du'aa'iin, sodaan, kajeellaan, tawakkulli, fedhuun, of gadi qabuun, beekanii sodaachuun, toobachuun, gargaarsifachuun, maganfachuun, birmachiifachuun, qalmi, nazriin (qodhaanii) fi kan biroollee kan kana jala seenan kanneen Rabbiin itti ajaje cufti Rabbuma qofaaf ta'u[1]. Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿ وَأَنَّ ٱلْمَسَـٰجِدَ لِلَّهِ فَلَا تَدْعُوا۟ مَعَ ٱللَّهِ أَحَدًا ﴾ [الجن: ١٨]

***"Masjiidonni kan Rabbiiti. Rabbii wajjiin homaa hin waammatinaa (gabbarinaa)."*** [Aljinni: 18]

Namni isaan kana irraa tokkollee waan Rabbiin malee jiruuf dabarsee kenne inni Mushrika; kaafiras.

---

1 Tawhiidni guddaan bakka kana keessa jira. Namni tokko tawhiida qaba jechuuf wantoota armaan olitti dubbataman cufaa Rabbiif qofa taasisuun isarratti dirqama. Du'aa'ii ogga kadhatu Rabbiin qofa kadhachuun dirqama. Waliyyii wahii, sheeka, qabrii nama awwaalamee ture, muka wahii fi kkf kadhachuun seera Islaamaa tokko keessallee hin jiru. Kun hinumaa waan Islaama diiguudha. Ibaadaan hafan hundinuu akkuma kana.

Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿ وَمَن يَدۡعُ مَعَ ٱللَّهِ إِلَٰهًا ءَاخَرَ لَا بُرۡهَٰنَ لَهُۥ بِهِۦ فَإِنَّمَا حِسَابُهُۥ عِندَ رَبِّهِۦٓۚ إِنَّهُۥ لَا يُفۡلِحُ ٱلۡكَٰفِرُونَ ﴾ [المؤمنون: ١١٧]

***"Namni Rabbii wajjin odoo ragaa isa irratti hin qabne, gabbaramaa biraa kadhatu (gabbaru), qormaanni isaa Gooftaa isaa bira jira. Dhugumatti, warri kaafaran hin milkaa'anu."*** [Almu'uminuun: 117]

Hadiisa keessa immoo "du'aa'iin dhuka ibaadaati" jechuutu jira. Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿ وَقَالَ رَبُّكُمُ ٱدۡعُونِيٓ أَسۡتَجِبۡ لَكُمۡۚ إِنَّ ٱلَّذِينَ يَسۡتَكۡبِرُونَ عَنۡ عِبَادَتِي سَيَدۡخُلُونَ جَهَنَّمَ دَاخِرِينَ ﴾ [غافر: ٦٠]

***"Gooftaan keessan ni jedhe: "Na kadhaa; isiniifin owwaadhaa. Dhugumatti, isaan ana gabbaruu irraa boonan, salphattoota ta'anii jahannam seenuuf jiru."*** [Ghaafir:60]

Ragaan sodaa jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿ فَلَا تَخَافُوهُمۡ وَخَافُونِ إِن كُنتُم مُّؤۡمِنِينَ ﴾ [آل عمران: ١٧٥]

***"Yoo mu'umina taataniif isaan hin sodaatinaatii anuma sodaadhaa."*** [Aali Imraan: 175]

Ragaan kajeellaa jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿ قُلۡ إِنَّمَآ أَنَا۠ بَشَرٞ مِّثۡلُكُمۡ يُوحَىٰٓ إِلَيَّ أَنَّمَآ إِلَٰهُكُمۡ إِلَٰهٞ وَٰحِدٞۖ فَمَن كَانَ يَرۡجُواْ لِقَآءَ رَبِّهِۦ فَلۡيَعۡمَلۡ عَمَلٗا صَٰلِحٗا وَلَا يُشۡرِكۡ بِعِبَادَةِ رَبِّهِۦٓ أَحَدَۢا ﴾ [الكهف: ١١٠]

***"Namni Gooftaa isaatiin wal ga'uu kajeelu dalagaa gaarii haa hojjatu; Gooftaa isaa gabbaruu keessattis eenyuunillee hin qindeessin."*** [Alkahf:101]

Ragaan tawakkulaa (Rabbirratti hirkachuu) jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿وَعَلَى ٱللَّهِ فَتَوَكَّلُوٓاْ إِن كُنتُم مُّؤۡمِنِينَ﴾ [المائدة: ٢٣]

***"Yoo Mu'umina taataniif Rabbirratti hirkadhaa."*** [Almaa'idaa: 23]

﴿وَمَن يَتَوَكَّلۡ عَلَى ٱللَّهِ فَهُوَ حَسۡبُهُۥٓ﴾ [الطلاق: ٣]

***"Nama Rabbirratti hirkate inni isaaf ga'aadha."*** [Axxalaaq: 3]

Ragaan raghbaa (kajeellaa), sodaafi of gadi qabuu jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿إِنَّهُمۡ كَانُواْ يُسَٰرِعُونَ فِي ٱلۡخَيۡرَٰتِ وَيَدۡعُونَنَا رَغَبٗا وَرَهَبٗاۖ وَكَانُواْ لَنَا خَٰشِعِينَ﴾ [الأنبياء: ٩٠]

***"Dhugumatti, isaan (nabiyyoonni) toltuu keessatti kan daddafan ta'anii kajeellaafi sodaan (guutamanii) kan Nu kadhataniifi Nu sodaatan ta'an."*** [Al-ambiyaa'i: 90]

Ragaan beekumsaan Rabbiin sodaachuu jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿فَلَا تَخۡشَوۡهُمۡ وَٱخۡشَوۡنِي﴾ [البقرة: ١٥٠]

***"Isaan hin sodaatinaatii ana sodaadhaa."*** [Albaqaraa: 150]

Ragaan tawbatanii gara Rabbii deebi'uu jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿ وَأَنِيبُوٓاْ إِلَىٰ رَبِّكُمۡ وَأَسۡلِمُواْ لَهُۥ ﴾ [الزمر: ٥٤]

***"Gara Rabbii keessaniitti deebi'aa; isaafis bitamaa."*** [Azzumzr: 54]

Ragaan gargaarsifannaa jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿إِيَّاكَ نَعۡبُدُ وَإِيَّاكَ نَسۡتَعِينُ ﴾ [الفاتحة: ٥]

***"Si qofa gabbarra; Si qofa irra gargaarsas barbaanna."*** [Alfaatihaa: 5]

Hadiisa keessas "yeroo gargaarsa barbaaddu Rabbirra qofa gargaarsa barbaadi." Ragaan maganfannaa jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿قُلۡ أَعُوذُ بِرَبِّ ٱلۡفَلَقِ ﴾ [الفلق: ١]

***"(Yaa Muhammad SAW) "Gooftaa namootaattin maganfadha"jedhi. Mootii namaatti."*** [Alfalaq:1]

Ragaan birmachiifannaa jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿إِذۡ تَسۡتَغِيثُونَ رَبَّكُمۡ فَٱسۡتَجَابَ لَكُمۡ ﴾ [الأنفال: ٩]

***"Yeroo isin Rabbii keessan birmachiifattan isiniif owwaate."*** [Al-anfaal: 9]

Ragaan qalmaa jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿قُلْ إِنَّ صَلَاتِي وَنُسُكِي وَمَحْيَايَ وَمَمَاتِي لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ ﴿١٦٢﴾ لَا شَرِيكَ لَهُ ۖ وَبِذَٰلِكَ أُمِرْتُ وَأَنَا أَوَّلُ الْمُسْلِمِينَ﴾ [الأنعام: ١٦٢-١٦٣]

***"Jedhi: 'Dhugumatti salaanni kiyya, qalmi kiyya, jireenyi kiyyaafi duuti kiyyas Rabbii Gooftaa aalama qofaafi."*** [Al-an'aam: 162]

Hadiisa irraa immoo "nama waan Rabbiin ala jiruuf qale Rabbiin abaareera." Ragaan nazrii (qodhaa) jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿يُوفُونَ بِالنَّذْرِ وَيَخَافُونَ يَوْمًا كَانَ شَرُّهُ مُسْتَطِيرًا﴾ [الإنسان: ٧]

***"Qodhaa (nazrii) isaanii ni guutu; guyyaa hamtuun isaa babal'atus ni sodaatu."*** [Al-Insaan: 7]



# Bu’uura lammaaffaa: amantii Islaamaa ragaa wajjin baruu

Inni tawhiidaan Rabbiif bitamuu, ittiin buluudhaan isaaf ajajamuufi shirkii irraa qulqullaa’uudha. Inni sadarkaa sadi qaba: Islaama, Iimaanaafi Ihsaana. Sadarkaan hunduu arkaana mataa isaa qaba.

## Sadarkaa tokkoffaa: Islaama

Arkaanni (rogni) Islaamaa shani::Rabbiin malee dhugaan gabbaramaan biraa hin jiru; Muhammad ergamaa Rabbiitii” ragaa ba’uu, salaata sirnaan salaatuu, zakaa kennuu, Ramadaana soomuufi mana Rabbii kabajamaa hajja’uudha. Ragaan shahaadaa jecha Rabbii ol ta’eeti:

﴿ شَهِدَ ٱللَّهُ أَنَّهُۥ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ وَٱلۡمَلَٰٓئِكَةُ وَأُوْلُواْ ٱلۡعِلۡمِ قَآئِمَۢا بِٱلۡقِسۡطِۚ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ ٱلۡعَزِيزُ ٱلۡحَكِيمُ ﴾ [آل عمران، ١٨]

***“Rabbiin haqaan dhaabbataa ta’ee akka Isa malee dhugaan gabbaramaan hin jirre ragaa ba’e; maleeykonniifi warri beekumsa qabaniis (ragaa ba’aniiru). Isa hunda injifataa, ogeessa malee haqaan gabbaramaan hin jiru.”*** [Aali-Imraan: 18]

Hiikti ishee dhugaan gabbaramu Rabbii tokkicha malee hin jiru jechuudha. Laa Ilaaha (لا اله) jechuun waan Rabbii gaditti gabbaramu cufa dhabamsiisa. Illallaah (إلا الله) immoo ibaadaa Rabbii tokkichaaf mirkaneessa. Inni akkuma mootummaa isaa keessatti hiriyaa hin qabne ibaadaa isaa keessattis hiriyaa hin qabu. Hiikti ishee kan ishee ibsu jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿ وَإِذْ قَالَ إِبْرَٰهِيمُ لِأَبِيهِ وَقَوْمِهِۦٓ إِنَّنِى بَرَآءٌ مِّمَّا تَعْبُدُونَ ﴿٢٦﴾ إِلَّا ٱلَّذِى فَطَرَنِى فَإِنَّهُۥ سَيَهْدِينِ ﴿٢٧﴾ وَجَعَلَهَا كَلِمَةًۢ بَاقِيَةً فِى عَقِبِهِۦ لَعَلَّهُمْ يَرْجِعُونَ ﴾ [الزخرف: ٢٦-٢٨]

***"Yeroo Ibraahiim abbaa isaatiifi ummata isaatiin jedhe (yaadadhu): 'Dhugumatti ani waan isin gabbartan irraa qulqulluu dha. Isa na uume malee. Inni na qajeelcha.' Akka isaan gara jechattii deebi'aniif jecha isa booda haftuu ishee godhe."*** [Azzukhruf: 26-28]

Ammas jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿ قُلْ يَٰٓأَهْلَ ٱلْكِتَٰبِ تَعَالَوْا۟ إِلَىٰ كَلِمَةٍ سَوَآءٍۭ بَيْنَنَا وَبَيْنَكُمْ أَلَّا نَعْبُدَ إِلَّا ٱللَّهَ وَلَا نُشْرِكَ بِهِۦ شَيْـًٔا وَلَا يَتَّخِذَ بَعْضُنَا بَعْضًا أَرْبَابًا مِّن دُونِ ٱللَّهِ ۚ فَإِن تَوَلَّوْا۟ فَقُولُوا۟ ٱشْهَدُوا۟ بِأَنَّا مُسْلِمُونَ ﴾ [آل عمران: ٦٤]

***"Jedhi: yaa warra kitaabaa! Gara jecha nuufi isin gidduutti wal qixa taatee kottaa. (Isheenis) akka Rabbiin malee waan biraa hin gabbarre, Isattis waan biraa akka hin qindeessine, gariin keenyas garii Rabbiin alatti gabbaramaa akka hin taasifanneedha. Yoo isaan kana***

***irraa gara galan 'akka nuti Muslimoota taane ragaa ba'aa' jedhaa."*** [Aali Imraan:64]

Ragaan 'Muhammad ergamaa Rabbii ta'uu ragaa ba'uu' jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿لَقَدْ جَآءَكُمْ رَسُولٌ مِّنْ أَنفُسِكُمْ عَزِيزٌ عَلَيْهِ مَا عَنِتُّمْ حَرِيصٌ عَلَيْكُم بِٱلْمُؤْمِنِينَ رَءُوفٌ رَّحِيمٌ﴾ [التوبة: ١٢٨]

***"Dhugumatti, ergamaan isin irraa ta'e, kan rakkinni keessan isa irratti jabaata ta'e, kan isiniif (akka amantanuuf) bololu, mu'umintootaaf immoo mararfataa, rahmata godhaa ta'e isinitti dhufeera."*** [Attawbaa: 128]

Hiikti Muhammad ergamaa Rabbiitii ragaa ba'uu:-

01 Waan inni ajaje ittiin buluu,

02 Waan inni odeesse dhugoomsuu,

03 Waan inni irraa dhorgeefi dheekkame irraa fagaachuufi

04 Waan inni karaa godheen maleetti Rabbiin gabbaruu dhabuudha.

Ragaan salaataa, zakaafi tafsiira tawhiidaa jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿وَمَآ أُمِرُوٓاْ إِلَّا لِيَعْبُدُواْ ٱللَّهَ مُخْلِصِينَ لَهُ ٱلدِّينَ حُنَفَآءَ وَيُقِيمُواْ ٱلصَّلَوٰةَ وَيُؤْتُواْ ٱلزَّكَوٰةَ وَذَٰلِكَ دِينُ ٱلْقَيِّمَةِ﴾ [البينة: ٥]

***"Rabbiin qofa gabbaruu, qajeelanii amantii Isa qofaaf***

***qulqulleessuu, salaata dhaabuufi zakaah kennuutti malee homaa hin ajajamne. Kun immoo amantii qajeelaadha."*** [Albayyinah: 5]

Ragaan soomaa jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ كُتِبَ عَلَيۡكُمُ ٱلصِّيَامُ كَمَا كُتِبَ عَلَى ٱلَّذِينَ مِن قَبۡلِكُمۡ لَعَلَّكُمۡ تَتَّقُونَ ﴾ [البقرة: ١٨٣]

***"Yaa warra amantan! Akka isin Rabbiin sodaattaniif jecha Soomni akkuma warra isiniin duraa irratti barreefametti (dirqama godhametti) isin irrattis barreeffameera."*** [Albaqaraa: 183]

Ragaan hajjiis jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿وَلِلَّهِ عَلَى ٱلنَّاسِ حِجُّ ٱلۡبَيۡتِ مَنِ ٱسۡتَطَاعَ إِلَيۡهِ سَبِيلٗاۚ وَمَن كَفَرَ فَإِنَّ ٱللَّهَ غَنِيٌّ عَنِ ٱلۡعَٰلَمِينَ﴾ [آل عمران: ٩٧]

***"Rabbiif nama irratti, kan gara isaa deemuu danda'e irratti, manicha hajja'uun dirqamni jira. Namni kafares, dhugumatti Rabbiin aalama irraa duroomaadha."*** [Aali-Imraan: 97]

## Sadarkaa lammaffaa: Iimaana

Inni damee torbaatamii wahi qaba. Caalaan ishee jecha Laa ilaaha illallaah jedhuudha; inni xiqqaan (garjalee) immoo waan rakkisaa ta'e karaa irraa dabsuudha[1]. Arkaanni isaa

1 Ibsi kun akka iimaanni jechaa fi gocha of keessaa qabu sirriitti ibseera. Iimaanni qalbiidhaan amanuu qofaa miti; qaamaan dalaguu fi arrabaanis dub-

ja'a: Rabbitti amanuu, maleykaa isaatti amanuu, kitaabota isaa, ergamoota isaa, Guyyaa Aakhiraattiifi murtee Rabbii toltuufi hamtuu isaattillee amanuudha. Ragaan arkaana ja'anii jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿لَّيْسَ ٱلْبِرَّ أَن تُوَلُّوا۟ وُجُوهَكُمْ قِبَلَ ٱلْمَشْرِقِ وَٱلْمَغْرِبِ وَلَٰكِنَّ ٱلْبِرَّ مَنْ ءَامَنَ بِٱللَّهِ وَٱلْيَوْمِ ٱلْءَاخِرِ وَٱلْمَلَٰٓئِكَةِ وَٱلْكِتَٰبِ وَٱلنَّبِيِّـۧنَ﴾ [البقرة: ١٧٧]

***"Dalagaan gaariin fuula keessan gara bahaafi dhiyaa naannessuu miti; haa ta'u malee dalagaan gaariin nama Rabbitti, Guyyaa Aakhiraatti, malaa'ikootatti, kitaabattiifi nabiyyootatti amaneedha."*** [Albaqaraa: 177]

Ragaan qadaraa (murtii Rabbii) immoo jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿إِنَّا كُلَّ شَىْءٍ خَلَقْنَٰهُ بِقَدَرٍ﴾ [القمر: ٤٩]

***"Nuti waan hunda murteedhaan isa uumne."*** [Alqamar: 49]

---

bachuu of keessaa qaba. Kanaafuu caalaan iimaanaa isa arrabaan laa ilaaha illallaah jedhan ta'e. kana jechuun arrabaanis dubbachuun iimaana keessatti akka ramadamu nu agarsiisa. Akkasumas waan nama rakkisu karaa irraa kaasuun iimaana irraayi; kana jechuun immoo gochi namaas iimaana keessatti ramadama jechuudha. Walumaa galatti iimaanni qalbiin amanuu, qaamaan hojjachuufi arrabaan dubbachuu of keessaa qaba. Nama khayrii hojjateef iimaanni ni dabala; nama hamtuu hojjate irraa immoo ni hir'ata. Namni tokko badii irra turaa iimaana guutuun qaba jechuu hin danda'u. namni khayrii tokko raawwatu isa khayrii sana hin raawwanne irra iimaana qaba. Namni badii irraa of tiksu isa badii irraa of hin tiksine irra caalaa iimaana qaba. Kanaafuu namni tokko badii hojjataa iimaanni qalbii keessahoo jedhee falmuun dogongora guddaa akka ta'e irraa hubanna. Namni tokko iimaana argachuuf hanga danda'een toltuu hojjatee badii irraa of eeguun dirqama itti ta'a.

## Sadarkaa sadaffaa: Ihsaana[1]

Inni ruknii tokkicha. Innis ati akka waan Rabbiin argaartuutti isa gabbaruudha; yoo ati kan isa argitu hin taanes inni si argaara. Ragaan isaa jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿ إِنَّ ٱللَّهَ مَعَ ٱلَّذِينَ ٱتَّقَواْ وَّٱلَّذِينَ هُم مُّحۡسِنُونَ ﴾ [النحل: ١٢٨]

***"Dhugumatti, Rabbiin warra Isa sodaataniifi warra toltuu hojjattan wajjin jira."*** [Annahl: 128]

Ammas jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿ وَتَوَكَّلۡ عَلَى ٱلۡعَزِيزِ ٱلرَّحِيمِ ٢١٧ ٱلَّذِي يَرَىٰكَ حِينَ تَقُومُ ٢١٨ وَتَقَلُّبَكَ فِي ٱلسَّٰجِدِينَ ٢١٩ إِنَّهُۥ هُوَ ٱلسَّمِيعُ ٱلۡعَلِيمُ ﴾ [الشعراء: ٢١٧-٢٢٠]

***"(Rabbii) injifataa, rahmata godhaa ta'e irratti hirkadhu. Isa yeroo ati dhaabbattu si argu (irratti); Isa sochiiwwan ati warra sagadan keessatti gootu argu san. Dhugumatti, Inni argaa, beekaadha."*** [Ashu'araa'i: 220]

Ammas jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿ وَمَا تَكُونُ فِي شَأۡنٖ وَمَا تَتۡلُواْ مِنۡهُ مِن قُرۡءَانٖ وَلَا تَعۡمَلُونَ مِنۡ عَمَلٍ إِلَّا كُنَّا عَلَيۡكُمۡ شُهُودًا إِذۡ تُفِيضُونَ فِيهِ ﴾ [يونس: ٦١]

***"(Yaa Muhammad!) Hojii kamillee keessatti hin taatu,***

---

1 Ihsaana kana beektoleen baay'een akka hiikanitti inni akka waan argaaraniitti Rabbiin gabbaruudha; yoo akkasitti gabbaruu dadhabde immoo akka inni si argaaru beektee gabbaruudha.

***Qur'aana irraas isa hin dubbiftu, dalagaa irraa waan tokkos hin hojjattan, yeroo isin isatti seentan Nuti isin irratti ragaa taanu malee hin hafu."*** [Yuunus:61]

Ragaan hadiisa irraa immoo hadiisa Jibriil beekamaa ta'eedha. Umar bin Al-Khaxxaab irraa odeeffamee (RA) ni jedhe: ***"Guyyaa tokko odoo nuti Nabiyyii (SAW) bira teenyuu namni tokko kan uffanni isaa akkaan adiifi rifeensi isaa akkaan gurraacha ta'e kan mallattoon imalaa isa irratti hin mul'anneefi nurraa namni tokkollee isa hin beekne tokko dhufee Nabiyyii (SAW) bira taa'e. Jilba isaa gara jilba isaaniitti hirkisee ganaa harka isaa sarbaa ofii irra kaa'ee "yaa Muhammad! Waa'ee Islaamaa irraa natti himi" jedhe. Ergamaan Rabbii (SAW) "Islaamni: dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee akka hin jirre, Muhammad immoo Ergamaa Rabbii akka ta'an ragaa bahuu, salaata sirnaan salaatuu, Zakaa kennuu, Ramadaana soomuu, yoo (Ka'abaa dhaquuf) karaa gara isaa dandeesse manicha hajja'uudha" jedhaniin. 'Dhugaa jette' jedheen. Dubbiin isaa nu dinqisiise; gaafatee ka'ee dhugaa jette jedha. 'Waa'ee Iimaanaa irraas naaf himi' jedheen. "Rabbiifi maleeykota Isaatti, kitaabota Isaatti, ergamoota Isaatti, guyyaa dhumaatti, qadara (murtii Rabbiitti) gaariis ta'ee hamaatti amanuudha" jedhaniin. 'Dhugaa jette"***

***jedheen. 'Waa'ee Ihsaanaa (toltuu) naaf himi' jedheen. "Rabbiin akka waan argituutti gabbaruudha. Yoo ati Isa arguu baattellee, Inni si arga" jedhaniin. 'Waa'ee Guyyaa Qiyaamaa [yeroo isiin dhaabattu] naaf himi' jedheen. "Waa'ee ishee irraa gaafatamaan gaafataa caalaa wanti inni beeku hin jiru" jedhaniin. 'Waa'ee mallattoowwan ishee naaf himi' jedheen. "Gabrittiin gooftaa ishee da'uu; hiyyeeyyiin kopheefi uffata hin qabne kan tiksee re'ootaa turan ijaarsa gamoo keessatti kan wal dorgoman arguu keeti" jedhaniin. Ergasii ni deeme. Nutis yeroo hanga ta'e ni turre. Sana booda (Nabiyyiin SAW) "yaa Umar! Namni na gaafataa ture eenyuun akka ta'e beektuu?" naan jedhan. 'Rabbiifi ergamaa Isaatu beeka'n jedhe. "Inni Jibriil ture. Dhimma amantii (diinii) keessanii isin barsiisuuf isin bira dhufe"*** naan jedhan. *(Muslimtu gabaase)*

# Bu’uura sadaffaa Nabiyyii Keessan Muhammadiin (saw) baruu

Inni Muhammad bin Abdullaah bin Abdul Muxxalib bin Haashim. Haashim immoo Qurayshii irraayi. Qurayshonni immoo Araba irraayi; Arabnis ilmaan Ismaa’iil bin Ibraahiim jaalallee Rabbiiti; isaafi Nabiyyii keenya irra rahmanniifi nageenyi haa jiraatu.

Umriin isaanii waggaa jahaatamii sadii ture. Sana keessaa afurtamni nabiyyummaan dura; digdamii sadii immoo nabiyyii ergamaa ta’aniiti. Suuraa Iqraatiin nabiyyii godhaman; Muddassiriin immoo ergamaa godhaman. Biyyi isaanii Makka ture. Shirkii irraa sodaachisuufi tawhiidatti waamuudhaan Rabbiin isaan erge. Ragaan jecha Rabbii ol ta’eeti:

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلْمُدَّثِّرُ ﴿١﴾ قُمْ فَأَنذِرْ ﴿٢﴾ وَرَبَّكَ فَكَبِّرْ ﴿٣﴾ وَثِيَابَكَ فَطَهِّرْ ﴿٤﴾ وَٱلرُّجْزَ فَٱهْجُرْ ﴿٥﴾
وَلَا تَمْنُن تَسْتَكْثِرُ ﴿٦﴾ وَلِرَبِّكَ فَٱصْبِرْ﴾ [المدثر: ١-٧]

***“Yaa uffata mammarataa! Ka’ii akeekkachiisi. Gooftaa keetis guddisi.  Uffata keetis qulqulleessi. Taabootaanis oodi. Baay’ifannaa feetee hin arjoomin. Gooftaa keetiif obsi.”*** [Almuddassir: 1-7]

Hiikti ‘ka’ii akeekkachiisi’ jechuu shirkii irraa sodaachisanii gara tawhiidaa (Rabbiin qofa gabbaruutti) waamuudha. ‘Gooftaa keetis guddisi’ jechuun immoo tawhiidaan isa guddisi jechuudha. ‘Uffata keetis qulqulleessi’ jechuun immoo dalagaa kee shirkii irraa qulqulleesi jechuudha. ‘Taabotaan oodi’in immoo taabonni waan Rabbii gaditti gabbaramu hunda. Isheen ooduun immoo ishees ta’ee warra ishee gabbaru dhiisuudha; isheefi warra ishee gabbaru irraa qulqullaa’uu (fagaachuudha). Kana irra waggaa kudhan tawhiidatti waamaa turan. Waggaa kudhan booda gara samii ol baafamanii salaanni shanan dirqama irratti godhame. Makkaan keessatti waggaa sadii salaatan. Booda sanaatii Madiinatti godaanuu ajajaman. Godaansi biyya shirkii irraa gara biyya Islaamaatti buqqa’uudha. Godaansi, biyya shirkii irraa gara biyya Islaamaa baqachuun, ummata kana irratti dirqama. Isheen hanga Qiyaamaan dhaabbattutti ni jirti.

Ragaan isiis jecha Rabbii ol ta’eeti:

﴿إِنَّ ٱلَّذِينَ تَوَفَّىٰهُمُ ٱلۡمَلَٰٓئِكَةُ ظَالِمِيٓ أَنفُسِهِمۡ قَالُواْ فِيمَ كُنتُمۡۖ قَالُواْ كُنَّا مُسۡتَضۡعَفِينَ فِي ٱلۡأَرۡضِۚ
قَالُوٓاْ أَلَمۡ تَكُنۡ أَرۡضُ ٱللَّهِ وَٰسِعَةٗ فَتُهَاجِرُواْ فِيهَاۚ فَأُوْلَٰٓئِكَ مَأۡوَىٰهُمۡ جَهَنَّمُۖ وَسَآءَتۡ مَصِيرًا ٩٧
إِلَّا ٱلۡمُسۡتَضۡعَفِينَ مِنَ ٱلرِّجَالِ وَٱلنِّسَآءِ وَٱلۡوِلۡدَٰنِ لَا يَسۡتَطِيعُونَ حِيلَةٗ وَلَا يَهۡتَدُونَ
سَبِيلٗا ٩٨ فَأُوْلَٰٓئِكَ عَسَى ٱللَّهُ أَن يَعۡفُوَ عَنۡهُمۡۚ وَكَانَ ٱللَّهُ عَفُوًّا غَفُورٗا﴾ [النساء: ٩٧-٩٩]

***“Warri haala lubbuu isaanii miidhoo ta’aniin malaykaan isaan ajjeefte (malaykonni) “maaluma keessa turtan?”***

***jedhan. "Dachii keessatti hacuucamoo turre" jedhu. "Sila dachiin Rabbii akka ishee keessa godaantaniif bal'aa hin taanee?" jedhan. Jarri sun qubsumni isaanii jahannami. Deebiin waa hammaatte! Isaan dadhaboo dhiira, dubartootaafi ijoollee irraa ta'an kan karoora baafachuu hin dandeenyeefi karaa hin qajeelle malee. Warra kana Rabbiin irra isaaniif dabruun dhugaa dha. Rabbiin akkaan irra dabraa, akkaan araaramaa ta'e."*** [Annisaa'i: 97-99]

﴿ يَـٰعِبَادِىَ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓا۟ إِنَّ أَرْضِى وَٰسِعَةٌ فَإِيَّـٰىَ فَٱعْبُدُونِ ﴾ [العنكبوت: ٥٦]

***"Yaa gabroota kiyya warra amantan! Dachiin kiyya bal'oo dhaa, Anuma qofa gabbaraa."*** [Al-ankabuut: 56]

Baghawiin, Rabbiin isa haa mararfatuu, ni jedhe: sababni bu'iinsa aayata kana waa'ee Muslimoota Makkaan keessa jiran kan hin godaaniniiti; Rabbiin maqaa iimaanaatiin isaan waame. Ragaan hijraa hadiisa irraa jecha Ergamaa Rabbiiti (saw): "hanga tawbaan cittutti hijraan hin cittu; tawbaan immoo hanga biiftuun lixa isheetiin baatutti hin cittu." Ergamaan Rabbii (saw) yeroo Madiinaan qubatan sharii'aa Islaamaa kan biraa kan akka Zakaa, soomaa, Hajjii, azaanaa, jihaadaa, gaariitti ajajuu, hamtuu irraa dhorguufi sharii'aa Islaamaa kan biroottillee ajajaman. Kana irra waggaa

kudhan turan. Kana booda ni du'an. Rahmanniifi nageenyi Rabbii isaan irra haa jiraatu. Amantiin isaanii immoo turaadha. Kun amantii isaaniiti. Toltuu tokkollee odoo ummata itti hin akeekin hin dhiifne; hamtuu tokko irraas odoo ummata hin akeekkachiisin hin dhiifne. Khayriin caalaan isaan ummataaf akeekan tawhiidaafi waan Rabbiin jaallatuufi nama irraa fedhu hunda. Sharriin isaan irraa akeekkachiisan immoo shirkiidhaafi waan Rabbiin jibbuufi nama irraa didu cufa. Rabbiin gara nama hundaatti isaan erge. Isaaniin buluu jinniifi nama cufa irratti dirqama godhe.

Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿ قُلْ يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ إِنِّى رَسُولُ ٱللَّهِ إِلَيْكُمْ جَمِيعًا [الأعراف: ١٥٨]

***"Jedhi: Yaa namootaa! Dhugumatti, ani ergamaa Rabbii Isa mootummaan samiifi dachii kan Isaa ta'e irraa gara hunda keessaniitti (ergamee dha)."*** [Al-a'araaf: 158]

Rabbiin amantii kana isaaniin guute.

﴿ ٱلْيَوْمَ أَكْمَلْتُ لَكُمْ دِينَكُمْ وَأَتْمَمْتُ عَلَيْكُمْ نِعْمَتِى وَرَضِيتُ لَكُمُ ٱلْإِسْلَٰمَ دِينًا ﴾

[المائدة: ٣]

***"Amantii keessan har'a isiniif guuteera, ni'imaawwan kiyyas isin irratti guuteera. Amantiis Islaama isiniif jaaladheera."*** [Almaa'idaa:3]

Ragaan du'a isaanii jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿ إِنَّكَ مَيِّتٌ وَإِنَّهُم مَّيِّتُونَ ۝٣٠ ثُمَّ إِنَّكُمْ يَوْمَ الْقِيَامَةِ عِندَ رَبِّكُمْ تَخْتَصِمُونَ ﴾

[الزمر: ٣٠- ٣١]

***"Dhugumatti, (Yaa Muhammad SAW) ati ni duuta; isaanis ni du'u! Ergasii isin (hunduu) Guyyaa Qiyaamaa Gooftaa keessan biratti wal mormitu."*** [Azzumar:30-31]

Namoonni ogga du'an ni kaafamu. Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿ مِنْهَا خَلَقْنَاكُمْ وَفِيهَا نُعِيدُكُمْ وَمِنْهَا نُخْرِجُكُمْ تَارَةً أُخْرَىٰ ﴾ [طه: ٥٥]

***"Ishee (dachii) irraa isin uumne; ishee keessatti isin deebifna; yeroo biraas ishee irraa isin baafna."*** [Xaahaa:55]

﴿ وَاللَّهُ أَنبَتَكُم مِّنَ الْأَرْضِ نَبَاتًا ۝١٧ ثُمَّ يُعِيدُكُمْ فِيهَا وَيُخْرِجُكُمْ إِخْرَاجًا ﴾ [نوح: ١٧-١٨]

***"Rabbiinis biqilchuu dachii irraa isin biqilche. Ergasiis ishee keessatti isin deebiseeti, baasuus isin baasa."*** [Nuuh:17-18]

Erga kaafamanii immoo qoratamanii hojii isaaniitiin mindaa galfamu. Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿ وَلِلَّهِ مَا فِي السَّمَاوَاتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ لِيَجْزِيَ الَّذِينَ أَسَاءُوا بِمَا عَمِلُوا وَيَجْزِيَ الَّذِينَ أَحْسَنُوا بِالْحُسْنَى ﴾ [النجم: ٣١]

***"Wanti samii keessaafi wanti dachii keessaa hundi kan Rabbiiti. Isaan hamtuu dalagan waan isaan dalaganiin***

***isaan mindeessuufi isaan toltuu hojjatanis ishee caaltuu taate isaan mindeessuuf (uume).”*** [Annajm:31]

Namni kaafamuu kijibsiise ni kafara. Ragaan jecha Rabbii ol ta’eeti:

﴿زَعَمَ ٱلَّذِينَ كَفَرُوٓاْ أَن لَّن يُبۡعَثُواْۚ قُلۡ بَلَىٰ وَرَبِّي لَتُبۡعَثُنَّ ثُمَّ لَتُنَبَّؤُنَّ بِمَا عَمِلۡتُمۡۚ وَذَٰلِكَ عَلَى ٱللَّهِ يَسِيرٞ﴾ [التغابن: ٧]

***“Isaan kafaran (erga duunee) hin kaafamnu jechuu dubbatan. “Eeyyeen! Gooftaa kiyyatti kakadhee! Dhugumatti, isin ni kaafamtu; ergasii wanti dalagdan hunduu isinitti himama. Sunis Rabbirratti laafaadha.”*** [Attaghaabun:7]

Rabbiin ergamoota hundaa jannataan gammachiisuufi ibidda irraa sodaachisuudhaan erge. Ragaan jecha Rabbii ol ta’eeti:

﴿رُّسُلٗا مُّبَشِّرِينَ وَمُنذِرِينَ لِئَلَّا يَكُونَ لِلنَّاسِ عَلَى ٱللَّهِ حُجَّةُۢ بَعۡدَ ٱلرُّسُلِ﴾

[النساء: ١٦٥]

***“Akka Ergamtoota booda Rabbi irratti namaaf ragaan hin argamneef Gammachiisoofi dinniinoo taasifnee ergamtoota (ergine.)”*** [Annisaa’i: 165]

Jalqabni isaanii Nuuhi; dhumti isaanii immoo Muhammadi (saw). Isaan dhuma nabiyyootaati. Nuuh jalqaba isaanii ta’uuf ragaan jecha Rabbii ol ta’eeti:

﴿إِنَّآ أَوۡحَيۡنَآ إِلَيۡكَ كَمَآ أَوۡحَيۡنَآ إِلَىٰ نُوحٖ وَٱلنَّبِيِّـۧنَ مِنۢ بَعۡدِهِۦۚ﴾ [النساء: ١٦٣]

***"Dhugumatti, Nuti akkuma gara Nuuhiifi nabiyyoota isa booda turaniitti beeksisa goone, gara keetti beeksisa goonee jirra."*** [Annisaa'i: 163]

Ummata hundayyuu Rabbiin ergamaa Nuuh irraa hanga Muhammaditti ibaadaa Rabbii qofatti ajajuufi taaboota gabbaruu irraa kan dhorgu taasisee ergeera. Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿وَلَقَدۡ بَعَثۡنَا فِي كُلِّ أُمَّةٖ رَّسُولًا أَنِ ٱعۡبُدُواْ ٱللَّهَ وَٱجۡتَنِبُواْ ٱلطَّٰغُوتَۖ﴾

[النحل: ٣٦]

***"Dhugumatti, Nuti "Rabbiin gabbaraa; taabota (gabbaruu) irraas fagaadhaa" (jechuun) ummata hunda keessatti ergamaa erginee jirra."*** [Annahl:36]

Rabbiin ummata hunda irratti xaaguutatti kafaruufi Rabbitti amanuu dirqama godhe. Ibn Alqayyim Rabbiin isaa haa mararfatuu ni jedhe: "hiikti xaaguutaa waan gabrichi gabbaramuudhaan, hordofamuudhaan yookiin ittiin ajajamuudhaan daangaa dabreedha. Xaaghuunni baay'eedha. Matootiin isaanii shan:

- Ibliisa Rabbiin isa haa abaaru,
- Nama osoo jaallatuu gabbarame,

- Nama akka namni isa gabbaru waame,
- Nama beekumsa fagoo (ghaybiin) beeka jedhee himateefi
- Nama waan Rabbiin buuseen ala jiruun murteesse.”

Ragaan jecha Rabbii ol ta’eeti:

﴿لَآ إِكۡرَاهَ فِي ٱلدِّينِۖ قَد تَّبَيَّنَ ٱلرُّشۡدُ مِنَ ٱلۡغَيِّۚ فَمَن يَكۡفُرۡ بِٱلطَّٰغُوتِ وَيُؤۡمِنۢ بِٱللَّهِ فَقَدِ ٱسۡتَمۡسَكَ بِٱلۡعُرۡوَةِ ٱلۡوُثۡقَىٰ لَا ٱنفِصَامَ لَهَاۗ وَٱللَّهُ سَمِيعٌ عَلِيمٌ﴾ [البقرة: ٢٥٦]

***“Amantii keessa dirqisiisuun hin jiru. Dhugumatti, qajeelumni jallina irraa ifa ta’eera. Namni xaaghuutatti kafaree Rabbitti amane, dhugumatti haada jabaa hin cinne qabateera. Rabbiin dhagayaa, beekaa dha.”***
[Albaqaraa:265]

Kun isatu hiika Laa ilaaha illallaahti. Hadiisa keessa “mataan wantootaa Islaama; utubaan isaa immoo salaata; gubbaan dalluu (gooba) isaa immoo karaa Rabbii keessatti qabsaa’uudha” jechuut jira.

Isa sirrii Rabbumatu beeka. Rahmanniifi nageenyi Rabbii Ergamaa Isaa, maatii isaanii, sahaabota isaaniifi warra hanga Guyyaa Qiyaamaatti haala gaariin isaan hordofe irra haa jiraatu.

# Ulaagaalee, Arkaanaa fi Dirqamoota Salaataa

## Maqaa Rabbii akkaan mararfataa akkaan rahmata godhaa ta'eetiin

Ulaagaaleen (sharxiin) salaataa sagal. Isaanis:

Islaama, sammuu qabaachuu, ga'eessa waa adda baasuu danda'e ta'uu, hadasa[1] of irraa kaasuu, najaasaa dhabamsiisuu, awrata sataruu, yeroon itti seenuu, qiblaatti gara galuufi niyyaadha.

## Ulaagaa duraa: Islaama

Faallaan Islaamaa kufriidha; kaafirri odoma hojii kamuu dalagee hojiin isaa itti deebifamaadha. Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿ مَا كَانَ لِلْمُشْرِكِينَ أَن يَعْمُرُوا مَسَاجِدَ ٱللَّهِ شَٰهِدِينَ عَلَىٰٓ أَنفُسِهِم بِٱلْكُفْرِ أُوْلَٰٓئِكَ حَبِطَتْ أَعْمَٰلُهُمْ وَفِى ٱلنَّارِ هُمْ خَٰلِدُونَ ﴾ [التوبة: ١٧]

1 Wanti wuduu'a balleessuufi janaabaa namatti fidu cufti hadasa jedhama. Hadasa of irraa deemsisuu kan jedhame immoo wantoota akka janaabaafi kan wuduu'a diigan dhiqatanii wuduu godhachuudha. Najasaan immoo xurii salaata dhorguu danda'an kan akka fincaaniiti.

***“Masjiidota Rabbii kan jiraachisu nama Rabbiifi Guyyaa Qiyaamaatti amane, kan salaata gadi dhaabe, zakaa kenneefi Rabbiin malee homaa hin sodaanne qofa. Warri kun isaan karaa sirrii qabatan irraa ta’uun mirkana’eera.”*** [Attawbaa:17]

﴿ وَقَدِمْنَآ إِلَىٰ مَا عَمِلُواْ مِنْ عَمَلٍ فَجَعَلْنَٰهُ هَبَآءً مَّنثُورًا ﴾ [الفرقان: ٢٣]

***“Nutis gara dalagaa isaan dalaganii feenee (dhufnee) dhukkee faca’aa isa goone.”*** [Alfurqaan:23]

## Ulaagaa lammaffaa: sammuu qabaachuu

Faallaan isaa maraatummaadha; maraatuun immoo hanga fayyutti qalamni irraa kaafamaadha (maleykaan dalagaaa isaa hin barreessanu). Ragaan immoo hadiisa “qalamni nama sadii irraa kaafameera: nama rafe hanga dammaqutti, maraatuun hanga fayyuttiifi daa’imni hanga ga’eessomutti.”

## Ulaagaa Sadaffaa: Tamyiiza

Faallaan isaa daa’imummaadha. Daangaan isaa waggaa torba. Ergasii salaatatti ajajama. Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: “ilmaan keessan waggaa torbatti salaatatti ajajaa; waggaa kudhanitti immoo (yoo isaan didan) ishee irratti isaan rukutaa. Ciisa keessattis adda babaasaa.”

## Ulaagaan afraffaan hadasa[1] kaasuudha

Inni immoo wuduu'a beekamaadha. Kan isa dirqama godhus hadasa. Ulaagaan isaa immoo kudhan: Islaama, sammuu qabaachuu, tamyiiza, niyyaa, hanga xahaarattiin dhumtutti murtii ishee tursiifatee ishee kutuu niyyachuu dhabuu, wanti wuduu'a diigu nama irraa dhaabbachuu, dura isaa istinjaa yookiin istijmaara[2] godhachuu, bishaan qulqulluu ta'uu, halaala ta'uu isaa, waan gara qaamaa bishaan dhaqqabuu dhowwus of irraa kaasuufi nama yeroo hunda hadasni irraa ba'uuf immoo waqtiin salaataa seenuudha. Dirqamni wuduu immoo ja'a:

- **Fuula dhiqachuu:** lulluuqqachuufi bishaan funyaan seensisuunis kana jala seena. Daangaan isaa oleedhaan bakka rifeensi mataa itti biqilu irraa eegalee hanga lafee areedaati. Dalgaan immoo hanga laaftuu gurra lamaaniiti.

- **Harka lamaan** ciqilee waliin dhiquu,

---

1 Hadsa jechuun akkuma olitti dubbatame waan wuduu diigu kan akka dhuufuu, maniyyiin nama irraa ba'uu, dubartiin haydii qabaachuufi kkf dha. Hadasa kaasuun immoo wantoota kana dhiqachuudha. Wuduu'a qofatti hin gabaabbatu.

2 Istijmaara jechuun dhagaa yookiin waan dhagaa bakka bu'uu danda'u kan akka sooftiitiin yeroo sadi yookiin isaa ol bakka bobbaatii qulqulleeffachuudha. Inni kun bakka istinjaa ni bu'a.

- **Mataa hunda** irra haxaa'uu: gurri lamaanis kana jala seena.
- **Miila lamaan** koronyoo wajjin dhiquu,
- Duraa duuba eeguu fi
- Wal hordofsiisuudha.

Ragaan kanaa jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿يَـٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓا۟ إِذَا قُمْتُمْ إِلَى ٱلصَّلَوٰةِ فَٱغْسِلُوا۟ وُجُوهَكُمْ وَأَيْدِيَكُمْ إِلَى ٱلْمَرَافِقِ وَٱمْسَحُوا۟ بِرُءُوسِكُمْ وَأَرْجُلَكُمْ إِلَى ٱلْكَعْبَيْنِ﴾ [المائدة: ٦]

***"Yaa warra amantan! Yeroo salaataaf kaatan, fuula keessan, harka keessan hanga ciqileetti dhiqadhaa. Mataa keessaniis haxaa'aa; Luka keessanis hanga koronyootti (dhiqaa)."*** [Almaa'idaa:6]

Ragaan wal duraa duuba eeguu immoo hadiisa "waan Rabbiin eegaleen eegalaa" jedhuudha. Ragaan wal hordofsiisuu immoo hadiisa namicha booqaa luka isaa irratti dhiiseeti. Nabiyyiin (saw) yeroma nama tokko kan koomee miila isaa irra booqaan hanga saantimaa kan bishaan isa hin tuqne arganu wuduu'a deebisuutti isa ajajan. Waajibni isaa immoo yeroo yaadataaranu bismillaah jechuudha. Wanti wuduu'a diigu immoo saddeeti[1]: waan kallattii lamaaniin (kallattii

1 Wantoonni wuduu'a cabsan kan armaan gadiiti: Fincaan, bobbaatiifi dhuufuun nama irraa bahuun wuduu ni cabsa. Fincaaniifi bobbaatiin akka wuduu'a

teessumaatiifi qunxurrootiin) ba'e, waan fokkisaa najasa qaama irraa ba'u, sammuun deemuu (yeroo hanga ta'e of wallaaluu), fedhii saalaatiin dubartii tuquu, farjii fuulduras ta'ee duubaa harkaan tuquu, foon gaalaa nyaachuu, du'aa dhiquufi Islaamummaa irraa deebi'uudha. Rabbiin kana irraa nu haa eegu.

## Ulaagaan shanaffaan najaasaa deemsisuudha

Najaasaan waa sadi irraa deemsifama: qaama, uffataafi bakka salaataa irrraayi. Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿وَثِيَابَكَ فَطَهِّرۡ﴾ [المدثر: ٤]

***"Uffata keetis qulqulleessi."*** [Almuddassir:4]

## Ulaagaan shanaffaan awrata dhoksachuudha

Beektoleen salaanni nama odoo qaama isaa satarachuu

---

cabsu Qur'aanni nu akeekeera. Kan dhuufuu immoo Abuu Hurayraan waa'ee hadasa wuduu'a cabsuu keessatti dhuufuudha jedhee hiike.
Maniyyiinis akkasuma dhangala'aa qaama saalaa keessaa ba'u ta'ee yeroo ba'u utaalaa gammachuu wajjin kan ba'uudha. Mazyiin garuu yeroo ba'u ariifatee hin ba'u, gammachuus hin qabu. Wantoonni kun sadanuu wuduu'a akka cabsanu beektonni walii galaniiru. Maniyyiin ogga ba'e qaamas dhiqachuun dirqama ta'a. Mazyiifi wadiyyii immoo wuduu'a qofa godhatanii bakka isaan tuqan dhiquutu gaha. Aliyyi bin Abuu Xaalib irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: ‹Nama maziyyii baay'atun ture. Sababaa Intala isaaniitiif jecha Ergamaa Rabbii ﷺ gaafachuun qaanfadhe. Miqdaad bin Al-Aswad ajajnaan isaan gaafate. "Qunxurroo isaa dhiqee wudu'ata" jedhan. Muttafaqun alayhi. Gabaasa Bukhaariitiin immoo "Qunxurroo kee dhiqii wudu'adhu" jedhan. Gabaasa Muslimiin immoo "wudu'adhuu qunxurroo kee irra bishaan dhangalaasi" jedhan.

danda'uu qullaa salaate akka badu walii galaniiru. Daangaan awrata dhiiraa handhuuraa hanga jilbaati. Garbittiinis akkasuma. Dubartiin bilisni immoo fuula ishee malee qaamni ishee cuftinuu awrata (sataruun dirqama). Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿يَٰبَنِيٓ ءَادَمَ خُذُواْ زِينَتَكُمۡ عِندَ كُلِّ مَسۡجِدٖ﴾ [الأعراف: ٣١]

***"Yaa ilmaan Aadam masjiida hunda biratti huccuu keessan qabadhaa."*** [Al-a'araaf:31]

Masjiidatti kan fedhame salaata.

## Ulaagaan torbaffaan waqtiin seenuudha

Ragaan hadiisa irraa hadiisa Jibriil kan inni Nabiyyiif (saw) waqtii jalqabaatiifi waqtii dhumaa irratti imaama ta'ee salaachisee ergasii "yaa Muhammad salaanni jidduu waqtii kana lamaaniiti" jedheedha. Ammas Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿إِنَّ ٱلصَّلَوٰةَ كَانَتۡ عَلَى ٱلۡمُؤۡمِنِينَ كِتَٰبٗا مَّوۡقُوتٗا﴾ [النساء: ١٠٣]

***"Salaanni Mu'umintoota irratti dirqama yeroon ishee murteeffame taateetti."*** [Annisaa'i:103]

Ragaan waqtiilee immoo jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿أَقِمِ ٱلصَّلَوٰةَ لِدُلُوكِ ٱلشَّمۡسِ إِلَىٰ غَسَقِ ٱلَّيۡلِ وَقُرۡءَانَ ٱلۡفَجۡرِۖ إِنَّ قُرۡءَانَ ٱلۡفَجۡرِ كَانَ مَشۡهُودٗا﴾ [الإسراء: ٧٨]

***"Aduun dabuu irraa hnga dukkana halkaniitti salaata ulaagaa ishee guutii sagadi. Salaata fajriis (sagadi). Salaanni fajrii (maleykaadhaan) hirmaatamaa ta'eera."*** [Al-israa'i: 78]

## Ulaagaan saddeettaffaan qiblaatti garagaluudha

Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿قَدۡ نَرَىٰ تَقَلُّبَ وَجۡهِكَ فِي ٱلسَّمَآءِۖ فَلَنُوَلِّيَنَّكَ قِبۡلَةٗ تَرۡضَىٰهَاۚ فَوَلِّ وَجۡهَكَ شَطۡرَ ٱلۡمَسۡجِدِ ٱلۡحَرَامِۚ وَحَيۡثُ مَا كُنتُمۡ فَوَلُّواْ وُجُوهَكُمۡ شَطۡرَهُۥ﴾ [البقرة: ١٤٤]

***"Dhugumatti, gara samii deddeebi'uu fuula keetii arginee jirra. Gara qiblaa ati jaallattuu si deebisuuf jirra. (Ammuma) fuula kee gara Masjidal-Haraam (Ka'abaatti) gara galchi. Eessallee yoo taatan fuula keessan gara isaa gara galchaa."*** [Albaqaraa:144]

## Ulaagaan saglaffaan niyyaadha

Bakki ishee immoo qalbiidha. Ishee sagaleen jechuun bida'aadha. Ragaan hadiisa "dalagaan kan sirrii ta'ee argamu niyyaadhaani. Nama hundaafuu wanta inni niyyatetu jira" jedhuudha.



# Arkaanni Salaataa kudha afur

Isaanis: namni dandeettii qabu dhaabbachuu, takbiiraa yeroo salaanni harramatamuu, Faatihaa qara'uu, rukuu'a godhuu, irraa ol ka'uu, qaama torba irratti sujuuda bu'uu, isa irraas ol ka'uu, sujuuda lamaan jidduutti taa'uu, arkaana hunda keessattuu tasgabbaa'uu (xuma'iniinaa godhachuu), duraa duuba eeguu, tashahhuda dhumaa (attahiyyaatuu dhuma irratti qara'amu), isaaf jecha taa'uunis, Nabiyyii (saw) irratti rahmata buusuufi salaamtaa lamaani.

01 Rukniin inni duraa namni dandeettii qabu dhaabachuudha. Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿حَـٰفِظُواْ عَلَى ٱلصَّلَوَٰتِ وَٱلصَّلَوٰةِ ٱلْوُسْطَىٰ وَقُومُواْ لِلَّهِ قَـٰنِتِينَ ﴾ [البقرة: ٢٣٨]

***"Salaatowwan irratti, keessattuu salaatattii giddu galeessaa irratti tikfadhaa. Haala Rabbiif ajajamoo taataniinis dhabbadhaa."*** [Albaqaraa:238]

02 Lammaffaan immoo takbiiraa yeroo salaanni harramatamuuti. Ragaan isaa immoo hadiisa "wanti (wantoota salaataan ala keessatti raawwatamu) haraama godhu takbiiraadha; kan halaala godhu immoo

salaamtaadha." Booda takbiiraatii du'aa'ii salaanni ittiin banamutu jira. Inni immoo sunnaadha.

***Subhaanaka Allaahumma wabihamdika watabaaraka ismuka wata'aalaa jadduka walaa ilaaha ghayruka.***

Hiikti isaa: yaa Rabbi! Faaruu keetii wajjinin qulqullina siin malun si qulqulleessa. Tolli maqaa keetiis baay'ate. Guddinni keetis ol ta'eera. Si malees kan dhugaan gabbaramu hin jiru.

Hiikti subhaanaka Allaahumma jechuu qulqulleessuu guddina keetiin malun si qulqulleessa; wabihamdika jechuun immoo faaruu sirra jiru jechuudha. Watabaaraka ismuka jechuun immoo barakaan faarsuudhaan argama; wata'aalaa jadduka jechuun guddinni kee ol ta'e; walaa ilaaha ghayrukaan immoo dachiifi samii keessa yaa Rabbi! Si malee dhugaan gabbaramaan hin jiru. Ammas sana booda 'a'uuzu billaahi minashayxaani-rrajiim' jedha. Hiikti isaas shayxaana rahmata irraa fageeffamaa ta'e irraa Rabbittin maganfadha jechuudha. A'uuzu jechuun gara keen daba, nan hirkadha, siinan of tiksa yaa Rabbi jechuudha. Minashayxaan arrajiim immoo shayxaanni rahmata Rabbii irraa darbatamaafi fageeffamaa ta'e akka amantii kootiifi duniyaa koo keessatti na hin miineefin isarraa Rabbittin maganfadha jechuudha.

03 Rukniin sadaffaan Faatihaa qara'uudha. Inni akkuma hadiisa "nama Faatihat Al-kitaabiin hin qara'iniif salaanni hin jiru" jedhu keessa jirutti raka'aa hunda keessatti rukniidha. Isheen haadha Qur'aanaati. 'Bismillaahi Arrahmaani Arrahiim' immoo barakaafi gargaarsa barbaachaaf ta'a. Alhamdu lillaahi; Al-hamduun faaruudha. 'Al' kun akka seera Lughaa Arabaatti 'istigraaqaaf' taati. Istigraaqa jechuun waan faaruu ta'e hunda of keessatti qabachuudha. Gaarummaan inni abbaan isaa hojii wahii keessaa hin qabne kan akka bareedumaafi kkf isaan faarfamuun jajuu jedhama malee faarsuu (galateeffaachuu) miti. 'Rabbil aalamiin' immoo Rabbiin isa gabbaramaa, uumaa, nyaachisaa, mootii, wantoota gara gaggalchaafi uumama hundaa tola isaatiin guddisaa kan ta'eedha. Aalamiin jechuun immoo wanti Rabbiin ala jiru hundinuu aalama jedhama. Inni immoo gooftaa hundaati. Arrahmaan immoo rahmata hunda uumamaa wal geesseedha. Arrahiim immoo rahmata mu'umina qofaaf dhuunfaa taateedha. Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿وَكَانَ بِٱلۡمُؤۡمِنِينَ رَحِيمٗا﴾ [الأحزاب: ٤٣]

***"Inni Mu'umintootaaf rahiim (mararfataa) ta'eera."***

[Al-ahzaab: 43]

Mootii guyyaa murtii kan jedhame immoo guyyaa

mindaatiifi qormaataati. Guyyaa hundinuu dalagaa isaatiin yoo khayrii ta'e khayriidhaan, yoo hamtuu ta'e immoo hamtuudhaan mindaa galfamuudha. Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿وَمَآ أَدۡرَىٰكَ مَا يَوۡمُ ٱلدِّينِ ١٧ ثُمَّ مَآ أَدۡرَىٰكَ مَا يَوۡمُ ٱلدِّينِ ١٨ يَوۡمَ لَا تَمۡلِكُ نَفۡسٌ لِّنَفۡسٍ شَيۡـٔٗاۖ وَٱلۡأَمۡرُ يَوۡمَئِذٖ لِّلَّهِ﴾ [الانفطار: ١٧ – ١٩]

***"Sila guyyaan murtii maal akka ta'e maaltu si beeksise? Ammas, guyyaan murtii maal akka ta'e maaltu si beeksise? (Inni) guyyaa lubbuun tokko lubbuu biraatiif homaa godhuu hin dandeenye. Guyyaa san ajajni (hundi) kan Rabbiiti."*** [Al-infixaar: 17-19]

Hadiisni Ergamaa Rabbii (saw) irraa odeeffame immoo "nama collee jechuun kan fedhii lubbuu isaa mo'atee waan du'a boodaatiif hojjateedha. Dadhabaan immoo nama lubbuu isaa fedhiidhuma ishee hordifsiisee hawwii qofa Rabbirratti hawweedha." Si qofa gabbarra jechuun immoo waan siin ala jiru hin gabbarru jechuudha. Kun immoo waadaa gidduu garbichaatiifi Rabbii isaa Isa malee gabbaruu dhiisuu irratti jiruudha. Si qofa gargaarsifannaan immoo waadaa gidduu garbichaatiifi Rabbii isaa si malee hin gargaarsifadhu jechuun jiruudha. 'Ihdina Assiraaxal musataqiim' karaa sirraawaa nu qajeelchi. 'Ihdina' jechuun immoo nu qajeelchi, nu raggaasisi jechuudha. Karachi immoo

Islaama; Ergamaadhas jedhameera; Qur'aanas jedhameera. Hundinuu dhugaadha. Sirraawaa jechuun isa jallinni keessa hin jirreedha. Karaa warra isaan qanansiifteetti kan fedhame immoo warra tolli Rabbiin biraa itti oolameedha. Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿وَمَن يُطِعِ ٱللَّهَ وَٱلرَّسُولَ فَأُوْلَٰٓئِكَ مَعَ ٱلَّذِينَ أَنۡعَمَ ٱللَّهُ عَلَيۡهِم مِّنَ ٱلنَّبِيِّـۧنَ وَٱلصِّدِّيقِينَ وَٱلشُّهَدَآءِ وَٱلصَّٰلِحِينَۚ وَحَسُنَ أُوْلَٰٓئِكَ رَفِيقٗا﴾ [النساء: ٦٩]

***"Namni Rabbiifi Ergamaadhaaf ajajame isaan sun nabiyyoota, dhugoomsitoota, shahiidotaafi warren gaggaarii irraa warra Rabbiin qanansiise waliin ta'u. Warra kanaan hiriyoomuun waa tole!"*** [Annisaa'i: 69]

Kan isaan irratti hin dallanaminiifi hin jallatin ogga jennu kan irratti dallaname yahuudaa warra odoo beekumsa qabanuu itti hojjachuu didaniidha; Rabbiin karaa isaanii irraa nu fageessuu kadhanna. Jallattoonni immoo nasaaraa warra wallaalumaafi dogongoraan Rabbiin gabbaranuudha. Ragaan jallattoota kanaa jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿قُلۡ هَلۡ نُنَبِّئُكُم بِٱلۡأَخۡسَرِينَ أَعۡمَٰلًا ١٠٣ ٱلَّذِينَ ضَلَّ سَعۡيُهُمۡ فِي ٱلۡحَيَوٰةِ ٱلدُّنۡيَا وَهُمۡ يَحۡسَبُونَ أَنَّهُمۡ يُحۡسِنُونَ صُنۡعًا﴾ [الكهف: ١٠٣ – ١٠٤]

***"Sila warra hojiin isaanii akkaan honga'oo ta'an isiniif himnuu?" jedhi. Isaan warra odoo dalagaa tolchinee hojjannaa yaadanuu addunyaa keessatti hojiin isaanii duraa badeedha."*** [Alkahf: 103-104]

Hadiisa Ergamaa Rabbii (saw) irraa odeeffame keessatti immoo “karaa warra isiniin duraa hanga qalahaan xiyyaa xiyya hordofu tokko hordofuuf jirtu” jennaan (sahaabonni) ‘Yahuudaafi Nasaaraamoo?’ jedhan. “Eenyu ree?” jedhaniin. Bukhaaariifi Muslimtu gabaase. Hadiisni lammaffaan immoo Nabiyyiin (saw) “Yahuudaan garee torbaatamii tokkotti qoodamte; Nasaaraanis qoodaa torbaatamii lamatti qoodamte. Ummatattiin kunis qoodaa torbaatamii saditti qoodamuuf jirti. Tokko malee hundi isheetuu ibidda keessa” jedhan. ‘Isheen eenyu ree? Yaa Ergamaa Rabbii!’ jenne. Isaanis (saw) “nama fakkii waan aniifi sahaabonni kiyya irra jirru irra jiraateedha” jedhan.

04 Rukuu’ii

05 Shanaffaan immoo isa irraa ol jechuudha.

06 Jahaffaan immoo qaama torban irratti sujuuda bu’uudha.

07 Torbaffaan sujuuda irraa sirraa’anii ol ka’uudha.

08 Saddeettaffaan jidduu sujuuda lamaanii taa’uudha.

Ragaan jecha Rabbii ol ta’eeti:

﴿يَـٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ ٱرْكَعُوا۟ وَٱسْجُدُوا۟﴾ [الحج: ٧٧]

***“Yaa warri amantan! Rukuu’a godhaa; sujuudas godhaa.”*** [Alhajji:77]

Hadiisni Ergamaa Rabbii (saw) irraa odeeffame immoo “lafee torba irratti sujuuduun ajajame” jedha.

09 Saglaffaan immoo arkaana hunda keessattuu tasgabbaa’uudha.

10 Kurnaffaan immoo duraa duuba gidduu arkaanaa eeguudha. Ragaan kanaa immoo hadiisa namicha salaata isaa balleessee salaateedha. Abuu Hurayraa irraa odeeffamee رضي الله عنه ni jedhe: odoo nuti Ergamaa Rabbii ﷺ wajjin taa’aa jirruu achumaan namichi tokko seenee salaate, sana booda dhufee Nabiyyiidhaan ﷺ salaamataa jedhe. Isaanis “deebi’ii salaati; ati hin salaannee” jedhan. Innis deebi’ee akkuma duraan salaatetti salaatee ergasii dhufee Nabiyyii ﷺ irratti salaamtaa jedhe. Isaanis “deebi’ii salaati; ati hin salaanne” yeroo sadi jedhaniin. Innis “Isa dhugaadhaan si erge natti haa ta’uu! Kana malee ani hin tolchu kanaafuu na barsiisi” jedhe. Isaanis “yeroo gara salaataa dhaabbatte takbiiraa godhi; ergasii Qur’aana irraa waan siif laafe kan sii wajjin jiru qara’i. Ergasii hanga rukuu’a keessatti tasgabbooftutti rukuu’a bu’i. Sana booda hanga dhaabbiitti tasgabbooftutti dhaabadhu. Ergasii hanga sujuuda keessatti tasgabbooftutti sujuudi. Ergasii hanga taa’ichatti tasgabbooftutti ol ka’ii taa’i. salaatuma kee hunda keessattuu kana raawwadhu” jedhan.

11 Kudha tokkoffaan tashahhuda[1] dhumaati. Inni ruknii dirqama. Kun immoo hadiisa Ibn Mas'uud keessatti dhufee jira. Ibn Mas'uud irraa odeeffamee (ra) ni jedhe: odoo tashahhudni dirqama nurratti hin godhamin dura akkana jenna turre: 'nageenyi gabroota Isaa irraa ta'e Rabbirra haa jiraatu! Nageenyi Jibriiliifi Mikaa'iil irra haa jiraatu.' Nabiyyiin (saw) ni jedhan: 'nageenyi gabroota Isaa irraa ta'e Rabbirra haa jiraatu!' hin jedhinaa. Rabbiin isumatu nagaadha. Haa ta'u malee kan armaan gadii jedhaa:

***Attahiyyaatu lillaah! Wassalawaatu, waxxayyibaatu. Assalaamu alayka ayyuhannabiyyu warahmatullaahu wabarakaatuh. Assalaamu alaynaa wa alaa ibaadillaahi assaalihiin. Ash-hadu Allaa ilaaha illallaah; wa ash-hadu anna Muhammadan Abduhuu warasuuluh.'***

Hiikti isaa: Kabajaan, salaatonni (ibaadaan adda addaa)fi dubbiin gaggaariin hunduu kan Rabbiiti. Yaa Nabiyyichaa! Nageenyi sirra haa jiraatu; Rahmanni Rabbiitiifi barakaan isaas. Nageenyi nuufi gabroota Rabbii gaggaarii irras haa jiraatu. 'Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiruu' ragaan ba'a. Muhammadis garbicha Rabbiifi ergamaa Isaa ta'uu ragaan ba'a.

1 Tashahhuda jechuun du'aa'ii taa'icha salaataa keessatti raka'aa lama irratti, yoo salaata raka'aa sadihii ta'e raka'aa sadaffaa irratti yookiin yoo afur ta'es dhuma irratti godhamuu dha. Ergamaan Rabbii ﷺ du'aa'ii isaa Ibnu Mas'uudiin barsiisani. Tashahhuda keessatti du'aa'ii hedduutu dhufe; garuu du'aa'iin haala gaariidhaan guutuu ta'ee dhihaate du'aa'ii Ibnu Mas'uud kana.

Hiikti attahiyyaatuu kabajaan hundinuu kan akka of gadi qabuufii, rukuu'a godhuu, sujuuda bu'uufi achi keessatti hafuufi turuu horachuudhaanis ta'ee Isaan maluudhaan kan Rabbiiti. Wanti Gooftaan aalama kanaa ittiin kabajamu hundinuu kan Allaahti. Namni isaan keessaa waan tokkollee waan Rabbiin ala jiruuf kenne inni Mushrika kaafira. Salawaanni immoo hiikti ishee du'aa'ii hunda jechuudha. Salaata shananis jedhameera. Waxxayyibaatu lillaahiin immoo Rabbiin gaariidha; jechaafi gocha irraas gaarii malee hin qeebalu jechuudha. Yaa Nabiyyichaa! Nageenyi sirra haa jiraatu; Rahmanni Rabbiitiifi barakaan isaas kan jedhu immoo Nabiyyiidhaaf (saw) nageenya, rahmataafi barakaa Rabbi biraa kadhatta. Nabiyyiin (saw) inni du'aa'iin isaaf godhamu kun Rabbi waliin hin kadhatamu. Nageenyi nuufi gabroota Rabbii gaggaarii irras haa jiraatuun immoo lubbuu keetiif nageenya barbaadda; akkasumas gabroota Rabbii gaggaarii ta'an kan samiifi dachii keessa jiranuufis nageenya kadhatta. Nageenya barbaaduun du'aa'iidha. Warri gaggaariin immoo du'aa'iin isaaniif kadhatama malee Rabbii waliin hin kadhatamanu. Ash-hadu Allaa ilaaha illallaah wahdahuu laa shariika lah! Ragaa yaqiina (dhugaa) ta'ee 'Dhugaan gabbaramaan dachii keessas ta'ee samii keessa Rabbi malee hin jiruu' ragaa baata. Muhaamad Ergamaa Rabbiitii ragaa ba'uun immoo isaan Gabricha Rabbiitii hin gabbaramanu;

ergamaa Rabbiitii hin kijibsiifamanu. Inumaayyuu ittiin bulamu; ni hordofamu. Gabricha Rabbii ta'uun kabajaa isaaniiti (saw). Ragaan jecha Rabbii ol ta'eeti:

﴿تَبَارَكَ ٱلَّذِى نَزَّلَ ٱلْفُرْقَانَ عَلَىٰ عَبْدِهِۦ لِيَكُونَ لِلْعَـٰلَمِينَ نَذِيرًا﴾ [الفرقان: ١]

***"Inni furqaaniin (Qur'aana) akka aalama hundaaf dinniinaa (sodaachisaa) ta'uuf, garbicha Isaa irratti buuse toltuun isaa baay'atte."*** [Alfurqaan: 1]

12 Kudha lammaffaan tashahhudichaaf taa'uudha.

13 Kudha sadaffaan immoo "Allaahumma salli alaa Muhammadin wa alaa aali Muhammadiin Kamaa sallayta alaa Ibraahiima wa alaa aali Ibraahiima innaka Hamiidun Majiid.[1]" Hiikti isaa 'yaa Rabbi akkuma Ibraahiim irratti Rahmata buufte Muhammadiifi Maatii Muhammad irrattis Rahmata buusi; Ati faarfamaa guddaa waan taateef' jechuudha.

Salaanni Rabbirraa ta'e kun gabricha Isaa Muhammadiin

---

1 Garuu salawaata buufamu kana hanga kanatti gabaabsuun gaarii miti. Guutuun isaa kan armaan gadiiti:
Allaahumma salli alaa Muhammadin wa alaa aali Muhammad. Kamaa sallayta alaa Ibraahiima wa alaa aali Ibraahiima innaka Hamiidun Majiid. Allaahumma baarik alaa Muhammadin wa alaa aali Muhammad; kamaa baarakta alaa Ibraahiima wa alaa aali Ibraahiima innaka Hamiidun Majiid.
Hiikti isaas: yaa Rabbi akkuma Ibraahiim irratti Rahmata buufte Muhammadiifi Maatii Muhammad irrattis Rahmata buusi; Ati faarfamaa guddaa waan taateef. Ammas akkuma Ibraahim irratti barakaa buufte Muhammadiifi Maatii Muhammad irrattis barakaa buusi; Ati faarfamaa guddaa waan taateef.

garee (maleykaa) warra olii keessatti isa faarsuudha. Bukhaariin Abul Aaliyaa irraa odeessee ni jedhe: 'Salaanni Rabbirraa ta'e gabricha Isaa garee olii (maleykaa) keessatti isa faarsuudha.' Rahmatas immoo jedhameera. Isa duraatu irra sirriidha. Maleykota irraa immoo araarama kadhachuudha. Ilmaan Aadam irraa du'aa'ii godhuudhaaf.

14 Kudha afraffaan salaamtaa lamaani. Wabarakaatuhuufi wanti isa boodaa jechas ta'ee gochi sunnaadha.



# Waajiboonni salaata immoo saddeeti.

## Isaanis:

01 Takbiiraa hunda waan takbiiraa ihraamaa (salaata harramannaatiin) ala jiru,

02 Jecha rukuu'a keessatti ***'subhaana Rabbiyal Aziim'*** jedhamu. Hiikti isaa: Rabbii kiyya guddaan qulqullina isaaf malu qulqulleessa jechuudha.

03 ***'Sami'allaahu liman hamidahuu'*** imaamaafi nama kophaa salaatuuf. Hiikti isaa: 'nama isa faarsuuf Rabbiin dhaga'eera' jechuudha.

04 ***'Rabbanaa walakal hamdu'*** jechuun immoo hundumaafi. Innis 'yaa Rabbi faaruun kan keeti' jechuudha.

05 Ammas sujuuda keessatti ***'subhaana Rabbiyal a'alaa'*** jechuudha. Hiikti isaa: Rabbii kiyya ol ta'aa (hundaa ol jirun) qulqullina isaaf malu qulqulleessa jechuudha.

06 Sujuuda lamaan jidduutti immoo ***'Rabbighfirlii'*** jechuudha. Innis yaa Rabbi naaf araarami jechuudha.

07 Inni dhumaa immoo tashahhuda jalqabaa fi

08 Isaaf jecha taa'uudha.

Arkaana irraa wanti daguudhaanis ta'ee beekaa hafe salaanni isa dhiisuudhaan ni bada. Waajiboonni immoo wanti isaan irraa beekaa dhiifame salaanni isa dhiisuudhaan ni bada. Yoo daguudhaan ta'e immoo sujuud Assahwii (sujuuda gocha dagatame suphuuf bu'amutu) isa supha. Wallaahu a'alam.

Rahmanni Rabbiifi nageenyi isaa nabi Muhammad, maatii isaanii, sahaabota isaaniifi warra hanga Qiyaamaatti isaan hordofe irra haa jiraatu.

Ulaagaalee salaataa, Arkaanonni isheetiifi waajiboonni ishee asitti xumurame.



IslamHouse.com

IslamHouseOr IslamHouseOR/ islamhouse.com/or/

IslamHouseOr/

For more details visit
www.GuideToIslam.com

GUIDE TO ISLAM

contact us :Books@guidetoislam.com

GuideToIslam.org Guidetoislam1 Guidetoislam www.Guidetoislam.com

المكتب التعاوني للدعوة وتوعية الجاليات بالربوة
هاتف: ٩٦٦١١٤٤٥٤٩٠٠+ فاكس: ٩٦٦١١٤٩٧٠١٢٦+ ص ب: ٢٩٤٦٥ الرياض: ١١٤٥٧
ISLAMIC PROPAGATION OFFICE IN RABWAH
P.O.BOX 29465 RIYADH 11457 TEL: +966 11 4454900 FAX: +966 11 4970126

# HUNDEELEE SADANIIFI RAGAA ISII

Towbaan hatattamaan barbaachistuu tahuu isiittu kitaaba kana keessatti ibsame. gufuun towarraa nama dhoowwitus tan akkam akka taate himamee jira.




IslamHouse.com
Osoul Center
www.osoulcenter.com